tokkoon keessan yeroo gara maatii isaatti deebi'etti gaala rimaa qabdu gurguddoo gagabbattuu sadi isaan biratti argachuu ni jaallataa?

Abuu hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «tokkoon keessan yeroo gara maatii isaatti deebi'etti gaala rimaa qabdu gurguddoo gagabbattuu sadi isaan biratti argachuu ni jaallataa?» nutis: eeyyeen ni jaallanna jenne. Ergamaanis ni jedhan: «Aayaa sadi kan tokkoon keessan salaata isaa keessatti qara'utu, gaala rimaa qabdu gurguddoo gagabbattuu sadi irra isaaf caala».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mindaan Aayaa sadi salaata keessatti qara'uu; ilmi namaa mana isaa keessatti gaala rimaa gurguddoo gagabbattuu sadi argachuu irra isaaf akka caalu ibsani.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65053